



Sagalee simbirrootaa ganama keessa

Lyden av fuglar om morgonen


 LIDA Portugal

 Vilius Aistis Vilimas

 Muhammed Berisso

 5


 Afan Oromo om / nynorsk nn



Yuuliyaa, abbaan manaasheefi intalli isaanii xinnoon Yukireen keessa ganda xinnoo tasgabbaa'aa ta'e tokko keessa jiraatu turan. Yuuliyaan ganama ganama sagalee simbirrootaatiin dammaqfamuu baay'ee jaallatti turte. Mana irraa fagaattee akka jiraattu, ykn ganama sagalee simbirrootaatiin hin dammaqfamu jettee yaaddee hin beektu.

...


Yulia, mannen hennar og den vesle dottera deira budde i ein liten, roleg tettstad i Ukraina. Yulia likte veldig godt å vakne kvar morgon til lyden av fuglar. Ho trudde aldri at ho skulle bu langt heimanfrå, eller at ho ikkje skulle bli vekt av lyden av fuglar om morgonen.



Abbaan manaa ishee yeroo hunda qarshii gahaa dhabuu isaatiin komachaa waan tureef dhugaatii baay'ee dhuguu jalqabe. Carraa isaanii Poorchugaalitti yaaluuf murteessan. Tarii achitti maallaqa dabalataa argachuun mana ijaaruu fi maatii isaaniif egeree gaarii ta'e uumuu danda'u ta'a.

...


Mannen hennar klaga alltid over mangelen på pengar, og han byrja å drikke mykje. Dei bestemte seg for å prøve lykka i Portugal. Kanskje dei der kunne tene meir pengar til å bygge eit hus og ei betre framtid for familien.



Yuuliyaan mana ishee haaraa wajjiin haala gaariin kan madaqxe si'a ta'u, qulqulleessituu taatee hojjechuu jalqabde. Maamiltoonni ishee hojii cimaa hojjetee fi ilaalcha safuu isheen qabdu baay'ee dinqisiifataniiru. Abbaan manaa ishii garuu caalaatti akka boodatti hafe itti dhaga'ame. Rakkoo dhugaatii dhuguu isaatiin kan ka'e hojjechiistonni isa hin amanan, hojiis hin kennaniif turan.

• • •

Yulia tilpassa seg den nye heimen godt, og ho byrja å jobbe som heimehjelp. Kundane hennar sette verkeleg pris på arbeidet hennar og den høflege innstillinga hennar. Mannen hennar, derimot, følte seg stadig meir oversett. På grunn av alkoholproblemet hans stolte ikkje arbeidsgivarar nok på han til å gi han arbeid.



Guyyaa tokko Yuuliyaatti iyyuu jalqabe. Sana booda, ishee dhiibuu jalqabe. Keessumaa yeroo inni machaa'u wacaafi reebichi itti hammaate. Yuuliyaan ofiisheefi intalasheetiif sodaatte, garuu maal gochuu akka dandeessu yaada hin qabdu turte.

...


Ein dag byrja han å kjefte på Yulia. Seinare byrja han å dytte henne. Valden auka med skriking og slag, særleg når han var full. Yulia var redd for seg sjølv og for dottera, men ho visste ikkje kva ho skulle gjere.



Yuuliyaan dhuma irratti harki ishee cabee gara kutaa balaa tasaa hospitaalichaa deemte, Poorchugaal keessatti jeequmsi maatii rakkoo guddaa akka ta'e itti himan. Akkasumas yakka waan ta'eef poolisiitti gabaasuu qabda jedhan.

...


Då Yulia omsider måtte dra til legevakta på sjukehuset med brekt arm, fortalde dei henne at partnervald var eit stort problem i Portugal. Dei sa òg at det var ulovleg, og at ho burde melde det til politiet.



Yuuliyaan waan dadhabdeef, intallishee xinnoo mana guyyaa guyyaadhaan jeequmsi itti raawwatamu keessatti akka guddattu hin barbaaddu turte. Yuuliyaan mallattoon miidhaa bifa adda addaa hedduu qabaatus yeroo hundumaa akka ture hubatte.

...

Yulia var utsliten og ville ikkje at den vesle dottera hennar skulle vekse opp i ein heim kor ho var vitne til vald dagleg. Yulia innsåg at teikna på mishandling hadde vore der heile tida, sjølv om dei såg veldig forskjellige ut.



Yuuliyaan gara mana qubannaa dubartootaa deemtee,
achitti yeroo dheeraa booda nageenyi ishee itti dhaga'ame.
Ganama sagalee simbirrootaatiin erga dammaqaa turtee
as akkasitti hin dhagahamne ture.

• • •

Yulia drog til eit krisesenter, der ho følte seg tryggare enn
ho hadde gjort på lenge. Ho hadde ikkje følt seg sånn sidan
ho vart vekt av lyden av fuglar om morgonen.



LIDA Stories

lidastories.net

Sagalee simbirrootaa ganama keessa

Lyden av fuglar om morgonen

 LIDA Portugal

 Vilius Aistis Vilimas

 Muhammed Berisso (om), Espen Stranger-Johannessen (nn)

